# Kutaa ABO Austraaliyaa

**Kora Gamtaa Amerikaa/USA fi Kanaadaa bara 2008**

**Qopheessitootaa fi hirmaattota kora kanaa**

Nagaan keenya jaallummaa, kaayyoo fi waliin dhaabbatnaa irratti hundaawe isin haa dhaqqabu jedhna.

Haallan akkaan rakkisaa, gufuulee isin dura bifa bifaan tarrisaman hundaa irra tartanii, injifatnoodhaan walitti dhuftanii kora kana waliin gaggeessachuu danda'uu keessaniif gammachuun nutti dhgahamu hedduu guddaa dha.

**Jaallan:**

Yeroo itti duulli karaa adda addaa keessaa fi alaan hogganoota fi dhaaba keenya ABO shororkeessuuf aggaamatamaa jiru kana keessa afuura jaallummaan walitti dhuftanii kora gamtaa akkasii gaggeessachuu keessaniif, haala hamtuu kana keessa dhaaba keessanitti cichuun keessani kan isin boonsu dhas jedhna.

Tarkaanfii fi ejjennoon gartuu heera ABO laamshessuuf yaaluu, seeraaf abboomamuu diduu, qajeelfama qaama hogganaa irraa kennamu dura dhaabbachuu fi dhaaba keenya ABOtti qrmaata heddummeessuun baatilee muraasaa as itti fufee jiru gamtaa nuti miseensotni qabnu ni jabeessa malee homaatuu laffisuuf hin jiru.

Kutaan ABO Austraaliyaas sirna-dhabulmmaa Koreen Kutaa ABO USA ifatti mul'isatee fi dirrees bahee sab-qunnamtii gara garaa fi barruuleen facaase, kan dhaaba keenya ABO fi hoggana isaatti ittiin duulamaa jiruu fi gurmuu miseesotaa diigee tokkummaa qabsaawotaa

facaasuuf carraaqamaa jiru dura yoom iyyuu ni dhaabbanna; cimsinees mormina.

**Dhuma irratti:** korri itti jirtan kan milkii, injifatnoo fi itti-baha gaarii akka isiniif ta'u hawwii jabduu qabnu ibsataa murtii fi ejjennoolee isin kora kana irratti fudhattan kan simatnuu, deggerruu fi cinas dhaabbatnu tahuu gad jabeessinee dhaammatna.

Itti of-kalaa

GGB ti

IUOf!

Kutaa ABO Austraaliyaa

Adoolessa 27 bara 2008